Namoota biroo irraa fageenya sirrii jechuun maal jechuudha?

Kanneen biroo irraa fageenya sirrii eeggachuudhan, babal'ina vaayirasii koroonaa (COVID-19) akka hir'isnuuf gargaara.

Gorsa namoota hundaaf

- Naamusa qulqullina harkaa fii qufaa gaarii hordofaa.
- Si'I, maatii fii hiriyoonni kee karaadhuma baratamaa ta'een waliin jiraachuu danda'u.
- Maatii fii hiriyoota kee dhihoo malee namoota biroo irraa fageenya sirrii fagaadhu, yoo xiqqaate meetira 1.
- Mallattoo infeekshinii sirna hargansuu qabda taanan, mana turi.
- Mallattoolee COVID-19 qabda taanan, ofiikee qorachiisuu qabda.

Namootatti dhiyaatteerta yoo ta'e yookan imalarraa deebite yoo ta'e fii **KOPHATTI BAHUUN** sirra jiraata.

- Namootni maatii tokko keessa jiraatan karaadhuma baratameen aliin jiraachuu danda'u.
- Mana baruumsaa yookan hojii hin deemin.
- Geejiba hawaasaa hin fayyadamin.
- Mana namoota biraatti hin dhaqin akkasumas namni biraas akka gama kee hin dhufne.
- Deddeemtee deebi'uu ni dandeessa, garuu namoota biroo irraa xiqqaatu meetira 1 fagaachuu qabda.
- Kuusa meeshalee nyaataa yookan dawaa dhaquu ni dandeessa baayyee dirqama yoo ta'e.
- Namni ati wajjiin jiraattu kophaatti of hin baasne.
- Mallattoo infeekshinii hargansuu qabda taanan,dirqama kophaatti of baastee of qorachiisuu qabda.
- Sirratti argameera taanan, manatti kophatti of baasuu qabda jechuudha.

COVID-19 sirratti argameera yoo t'e fii **MANATTI KOPHAA OF BAASUU** tti jirta taanan,

- Mana turi.
- Namoota mana keessa jiran irraa fageenya sirrii qabaadhu.
- Danda'ama taanan kutaa fii mana dhiqannaa kophaa fayyadami.
- Amma amma handaara kee qulqulleessi.
- Namootni biroo akka bittaawwan siif taasisaniif gaafadhu.
- Fayyaa kee akkamitti eeggachuu akka qabdu haakima kee wajjiin walii gali.
- Namootni ati wajji jiraattus gara kophaatti of baasuu deemuu qabu.

2020-09-17

FHI